

QAJEELCHA WALIIGALAA

- I. Gaaffileen shaakalaa kun gosoota barumsaa sadii jechuunis Barnoota Seenaa, Barnoota Ji'oogiraafii Fi Barnoota Fedhii Addaa duraa duubaan kan qabate yoo ta'u, tokko tokkoon isaa qabiyyee fi mala baruu-barsiisuu irratti kan xiyyeeffatu dha.

KUTAA I: GAAFFILEE BARNOOTA SEENAA

I. Filannoowwan dhiyaatan keessaa qubee deebii sirrii qabate

filachuun bakka deebiif qophaa'e irratti deebisi.

- _____ 1. Teessoon Mootummaa Zaaguwee eessa ture?
- A. Naannoo Walloo bakka Hayiq jedhamu
 - B. Kaaba Shawaa naannoo Manzi, Bulgaa fi Tagulat
 - C. Naannoo Bugnaa bakka Adaafaa jedhamu
 - D. Handhuura Shawaa naannoo Furi, Yerer, Wacacaa
- _____ 2. Sirna gadaa bulchiinsa Uummata Oromoo ilaalchisee kamtu **dhugaadha?**
- A. Sirni gadaa bulchiinsa hawaas-dinagdee ummata Oromoodha.
 - B. Jireenyi uummata Oromoo akkaataa seera gadaatiin qajeelfama
 - C. Seerri sirna gadaa bu'uura jireenya uummata Oromooti
 - D. Hundinuu deebiidha
- _____ 3. Waliigaltee Wucaalee bara 1889 Itoophiyaafi Xaaliyaanii gidduutti mallatteeffameen Eertiraan Kolonii Xaaliyaanii akka taate keeyyatni ibsu kami?
- A. Keeyyata (17) B. Keeyyata (3) C. Keeyyata (20) D. hundinuu deebiidha.
- _____ 4. Haayila Sillaaseen bara 1930 akkuma aangoo guutuu biyyatti dhuunfateen mootummaa giddu galeessa cimsuuf maal raawwate?
- A. Heera bara 1931 qopheesse C. Bulchiinsa naannoo bifa haaraan qindeessu
 - B. Humna waraana isaa cimse D. Hundinuu deebiidha
- _____ 5. Mootolee Gondor armaan gadii ilaalchisee **tartiibni** duraa-boodaa sirrii kami?
- A. Faasiladas-YohaannisI-IyyaasuulI-Bakkaafaa-IyyaasuI-Iyyo'aas
 - B. Faasiladas-YohaannisI-IyyaasuulI-IyyaasuII-Bakkaafaa-Iyyo'aas
 - C. Faasiladas-YohaannisI-IyyaasuulI-Bakkaafaa-IyyaasuulI-Iyyo'aas
 - D. Faasiladas-YohaannisI-IyyaasuulI-IyyaasuII- Iyyo'aas-Bakkaafaa

Qormaata Ga'umsa Mirkaneeffannaa BBO'n Qophaa'e

_____6. Hariiroo Itiyoo-Ameerikaa keessatti “**Waliigaltee Qabxii Afurii**” kan ta'e kami?;

- A. Dhimma barnootaa, faayya fi qonnaa irratti walii hojjachuu ,
- B. Ameerikaa keessatti lammiileen Itoophiyaa carraa barnoota akka argata ,
- C. Bulchiinsa Itoophiyasa cimsuuf deeggarsa leenjii gochuu
- D. Hundinuu Deebiidha.

_____7. Kanneen armaan gadii keessaa hoogganaan fincila qotee bulaa Baalee eenyu?

- A. Waaqoo Guutuu B. Roobaa Daadhii C. Tufaa Muunaa D. Gabayyoo Gurmuu

_____8. Gootota armaan gadii keessa kan Bichaanaa (Gojjaam) keessatti aangooti deebi'uu Mootii H/Sillaasee mormaa ture eenyu?

- A. Bilata T/Hawariyaat C. H/Mariyaam Raddaa
- B. Nagaash Bazabih D. Balaay Zallaqaa

_____9. Kanneen armaan gadii keessaa tokko mootummota Aksumiin duraa **miti**. A. Yehaa B. Kolowee C. Zaaguwee D. Puunti

_____10. Manni Amantii /bataskaanonni (11) dhagaa tokko irraa hojjetaman kan Lalibeelaatti argaman bara kam hojjeetame?

- A. Bara Mootummaa Zaaguwee C. Bara Zemana Mesafint
- B. Bara Mootummaa Aksum D. Bara Gondor

_____11. Mootota armaan gadii keessaa tokko mootii Aksum miti?

- A. Dilna'ood B. Izaanaa C. Yitibaraak D. Kaleeb

_____12. Ummatni naannoo gaanfa Afrikaa jiraatan maaliin walfakkatu?

- A. Aadaan baayee walfakkatu
- B. Amantii hordofan baayee wal-fakkata
- C. Afaan isaan dubbatan baayee wal-fakkaata
- D. Hundinuu Deebiidha

_____13. Kanneen armaan gadii keessaa kan sirriitti walitti firoome kami?

- A. Zeyilaa buufata doonii mootummaa Zaaguwee turte
- B. Aduulis buufata doonii mootummaa Aksum turte
- C. Zeyilaa buufata doonii mootummaa Zaaguwee turte
- D. Hundinuu Deebiidha.

_____14. Amala siyaasa Itoophiyaa bara g/galeessa ilaalchisee kamsu soba?

- A. Teessoon siyaasaa dhaabbataa jiraachuu
- B. Daangaa baballifannaa
- C. Walitti bu'iinsa Kiristaanaa fi Islaama
- D. Sochii guddaa baballifannaa uummata Oromoo

_____15. Gootota Oromoo armaan gadii keessaa kan waraana Adowaa 1896 irratti hirmate kami?

Qormaata Ga'umsa Mirkaneeffannaa BBO'n Qophaa'e

- A. Fitawuraari Gabayyoo Gurmuu
- B. Habte Giyoorgis Dinagdee
- C. Balchaa Saafoo
- D. Hundinuu Deebiidha.

_____16. Bara waraana Mootummaa Kiristaanaa fi Adal biyyoonni alaa dhimma amantii fi dinagdee isaanii waraanicha keessatti hirmaatan kami?

- A. Faraansayii fi Ingiliz
- B. Poorchugalii fi Ispeen
- C. Poorchugalii fi Ottoman Turkii
- D. Jarmanii fi Xaaliyaanii

_____17. Mootiin Kiristaanaa bara 1855-1868tti bulche Itoophiyaa tokkummeessuuf yaale;

- A. Tewodros II
- B. Yohaannis IV
- C. Atse Tekle Giyoorgis
- D. Minilik II

_____18. Sirna jireenya hawaasa uummataa Oromoo hunda kan hoggannuu;

- A. Sirna Gadaa
- B. Sirna Moggaasaa
- C. Sirna Siinqee
- D. Sirna Buttaa

_____19. Sababni Kufaatii Tewodroos II Maal ture?

- A. Mormii mana amantii
- B. Waldhabdee mootummaa Ingiliz waliin ture
- C. Fincila mootolee naannoo
- D. Hundinuu Deebiidha

_____20. Kanneen armaan gadii keessaa tokko mootolee shanan Gibee miti.

- A. Jimma
- B. Limmuu-Eennariyaa
- C. Geeraa
- D. Leeqa

_____21. Uummatota aramaan gadii keessaa hortee kush kan hin taane kami?

- A. Beejjaa
- B. Oromoo
- C. Sidaamaa
- D. Guraagee

_____22. Sirna Gadaa uummata Oromoo ilaalchisee sirrii kan ta'e kami?

- A. Barri bulchiinsa Gadaa tokko turti waggaa 40 qaba.
- B. Waa'ee dhimma siyaasaa qofaaf kan tajaajiludha
- C. Mootummaa Abbaa Irreen kan bakka bu'u dha
- D. Sirna hoggansa siyaasaa dimokiraatawaa ta'e dha.

_____23. Seenaa Itoophiyaa keessatti barri Zamana Masaafinti maalin beekama;

- A. Bara nagaa fi badhaadhinaati.
- B. Bara mootummaan giddu-galeessaa cimaa turedha.
- C. Bara qondaaltoota waraanaa fi dajjaazmaachoota ciccimooti.
- D. Bara waldanda'u amantiitin beekamudha

_____24. Sirna gadaa keessatti umuriin waggaa 40-48 bara kami?

- A. Dabballee
- B. Gammee
- C. Lubummaa
- D. Qondaala

Qormaata Ga'umsa Mirkaneeffannaa BBO'n Qophaa'e

_____25. Hoogganaan Impaayera Maandinka Faransaay mormaa turee eenyu?

- A. Ahmaaduu Seekuu C.Saamorii Turee
B. Uraabii Paashaa D.Maarkuus Gaarvee

_____26. Yeroo walgahii Barliin kamtu kaayyoo Bismaark dhokataa ture?

- A. Biyyoota Afrikaa daangeessuu
B. Dhimma biyya Koongoo murteessuu
C. Afrikaan qabamtee osoo hin dhumiiin qoodachuu
D. Karaa nageenyaatiin hooggantoota Afrikaa hawwachuu

_____27. Biyyoota armaan gadii keessaa kolonii Ingiliiz kan hin taane kami?

- A. Gaanaa B. Naayijeeriyaa C. Aljeeriyaa D.Gaambiyaa

_____28. Sababa biyyoonni Awurooppaa Afrikaa qabachuuf wal-dorgomaa turan kan hin taane kami?

- A. Bakka gabaa argachuuf C. Mi'a dheedhii argachuuf
B. Koloneeffachuuf D. Qaroomsuuf

_____29. Hoogganaan Impaayera Tokuloor Faransaayin mormaa ture eenyu ture?

- A. Uraabii Paashaa C.Saamorii Turee
B. Ahmaaduu Seekuu D.Raabin Ibin Fadil Allaa

_____30. Naannoolee Afrikaa bara 1880moota dura alagaan qabaman keessaa Seenegal eenyuun qabamte?

- A. Ottomaan Turkii B. Faransaay C. Araboota D. Dachi/Boers

_____31. Taatewwan armaan gadii kan sirriitti waliitti firoome kami?

- A. Tel-El Kabir, Misir C. Omdurman, Sudaan
B. Mizru'ii, Keeniyaa D. Hundinuu Deebiidha.

_____32. Konfiraansiin Paan-Afrikaa inni 5ffaa eessatti geeggeffame?

- A. London B. Biraaseelsi C. Niwu Yoorki D. Maanchester

_____33. Miidhaa waraanni addunyaa 1ffaa karaa hawaasummaa Afrikaa irraan ga'e kami?

- A. Faraansay loltoota 150,000 Afrikaarra gara Awurooppaatti geessitetti
B. Ingiliz loltoota 50,000 dhiha Afrikaa irraa gara baha Afrikaa geessitetti
C. Uummanni baayeen dhukkuba, beelaan du'aniiru
D. Hundinuu Deebiidha

_____34. Dhaabbata qabsoo biyya Tuuniziyaa kan ta'e kami?

- A. Waafdi B. "The Muslim Brothers hood" C. Niyoodaastur D. " Riif"

_____35. Dhaabbata "Universal Negro Improvement "kan hundeesse eenyu?

- A. H. Siylvastar Wiliyaam C. Dr. Du Booyis

Qormaata Ga'umsa Mirkaneeffannaa BBO'n Qophaa'e

- B. B. Markuus Garvee D. Kiwaamee Nikirhumaa
_____ 36. Dhaabbanni qabsoo Gaanaa Keessatti hooggantoota amantii fi warra barataniin hundeeffame;
A. Waafdi B. "The Muslim Brothers hood" C. Niyoodaastur D. Aborigines
_____ 37. Yeroo waraana Addunyaa 1ffaa Koloniin Jarman Afrikaa keessaa garee walta'aniin qabamte kami?
A. Toogoo, Kaamerun, Taanzaniyaa, Namibiyaa, Ruwaandaa fi Burundii
B. Keeniyaa, Seeraliyoon, Naayijeriyaa, Chaad fi Tuniziyaa
C. Gaanaa, Giinii, Ugaandaa, Aljeeriyaa fi Morookoo
D. Malawwii, Zimbabwee, Zambiyaa fi Jibuutii,
_____ 38. Naannoowwan armaan gadii keessaa kan mormii cimaan booda Miniliik II'n qabamte kami?
A. Arsii B. Harar C. Walayitaa D. Hundi deebii ta'a
_____ 39. Aadaa ofii kabajuu fi gurrachummaa ofitti boonuun maal jedhama?
A. Paan-Afrikanizimii C. Impeeriyaalizimii
B. Nigituudi D. Niyoo- Koloniyaalizimii
_____ 40. Dhabbatni Xumura Waraana Addunyaa 1ffaa booda bara 1920 nagaa fi tasgabbii addunyaa eeguuf hundeeffame kami?
A. Liigii Mootummoota Addunyaa C. Paan-Afrikanizimii
B. Dhaabbata Mootummoota Walta'anii D. Nigituudi
_____ 41. Dirreen Waraana El-Alaamin bara 1942 maal ture?
A. Bakka humni waraanaa Ingilizi lixa Misir keessatti Xaaliyaanii fi Jarman itti rukkute
B. Bakka humnoonni waraanaa Xaaliyaanii fi Jarman lixa Misir keessatti Ingilizin rukkute
C. Bakka Misir Ingilizi injifachuun bilisummaa ishee itti argatte
D. Bakka Xaaliyaanin Misirin waraantee itti mo'atte
_____ 42. Buufatni doonii Poorchugaal qarqara dhiha Afrikatti bara 1470 hundeeffame kami?
A. Raavaskoo B. Lawureensoo C. Biraavaa D. Elminaa
_____ 43. Miidhaa daldalli garbaa Afrikaa irraan gahe maali?
A. Lakkoofsa uummata Afrikaa xiqqeesse.
B. Dinagdee Afrikaa gufachiisee.
C. Maatii Afrikaanotaa diige.
D. Hundinuu Deebiidha
_____ 44. Hayyoota armaan gadii keessaa abbaa Seenaa jedhamuun kan beekamu eenyu?
A. Heroodotaas C. Firedriik Lugaard
B. Seesil Roodes D. David Livingsoon
-

Qormaata Ga'umsa Mirkaneeffannaa BBO'n Qophaa'e

_____45. Tokkummaan Jarman kan argamu “ **Dhiigaa fi Sibiila**”qofaan kan jedhe eenyu?

- A. Voon Moolteek B. Bismaark C. Hitleer D. Mossuloni

_____46. Qaroomni gidduu Laggeen “**Ifraaxiisii fi Taayigiriis**”tti dagaagee ture kami?

- A. Chaayinaa B. Mesoppotamiyaa C. Roomaa D. Hindii

_____47. Bu'aa qarooma Misir kan ta'e kami?

- A. Bulchiinsa tasgaba'aa hundeessuu C. Ijaarsa Piraamidii
B. Sirna barreessuu Heroogilifiksii D. Hundinuu Deebiidha

_____48. Kaayyoon duula qaxxaamuraa Xumura Jaarraa 11ffaatti eegale maali?

- A. Filisxeem lafa qulqullooftuu Musilimoota harkaa baasuuf,
B. Qarooma bifa haaraan geggeessuu
C. Daldala garbaa balleessuu
D. Daandii daldalaa beekamoo qabachuu

_____49. Kanneen armaan gadii keessaa kamtuu sirriitti walitti hin firoomne?

- A. Reneesaansi- Xaaliyaanii. C. Konfiyushiyanizimii-Jaappan
B. Riformeeshinii-Jarmanii D. Inlaayitenmentii-Faransaay

_____50. Seera bu'uuraa labsii bilisummaa Ameerikaa bara 1776 kan hin taane isaa kami?

- A. Aangoon bulchiinsa kan ummataa ta'u
B. Namni hundi mirga uumamaa walqixxa qaba
C. Mootummaan ala namni kamiyyuu mirga namummaa sarbu hin danda'uu
D. Ummanni bulchiinsa aangoorraa buusuu danda'aa

_____51. Waraana Seedaan Fulbaana 2,1870 ilaalchisee kamtuu sirriidha?

- A. Jarman injifannoo argatte
B. Naappooliyoon 3ffaan ni mo'atame
C. Xaaliyaaniin Injifannoo argatte
D. Faransaay injifannoo argatte

Mala Baruu-Barsiisuu Barnoota Seenaa

_____52. Kanneen armaan gadii keessaa dirqama barreessaa seenaa kan ta'e kami?

- A. Ragaa waa'ee barreessuu argachuu qaba
B. Dhiibbaa qaama biraa irraa bilisa ta'uu

Qormaata Ga'umsa Mirkaneeffannaa BBO'n Qophaa'e

C. Ragaa dhimma qorannoo isaa walbira qabee madaluu

D. Hundinuu Deebiidha

_____53. Qorannoon Seenaa Itoophiyaa jaarraa 17ffaa akka gosa barnoota tokkotti Awurooppaa keessatti akka eegalu qooda guddaa kan qabu eenyu?

A. Herodotas B. Job Ludolf C. Garbaldii C. Raankee

_____54. Adeemsa qophii qormaataa ilaalchisee kamtuu dogoggora?

A. Qajeelfamni ifa ta'e jiraachuu qaba.

B. Bakki deebii qopha'uu qaba.

C. Barnoota kan fooyyessu ta'uu qaba

D. Jechoonni deebii tilmaaman jiraachuu qabu

_____55. Hiika seenaa dogoggoraa kan ta'e kami?

A. Seenaan barnoota waa'ee moototaa qofa qoratudha.

B. Seenaan oduu duriidha.

C. Seenaan barreeffama akka salphaatti barreeffamudha

D. Hundinuu Deebiidha

_____56. Barreessan seenaa maaliif dhugooma seenaa jallisuu danda'a?

A. Dandeettii

C. Dhiibbaa qaama biraa

B. Ilaalcha

D. Hundinuu Deebiidha

_____57. Malli bakka "**Ambaalee Seenaa**" barsiisuf caalaatti itti fayyadamnu kami?

A. Marii garee

C. Mala diraamessuu

B. Mala falmii

D. Male daawwii dirree

_____58. Kanneen armaan gadii keessaa **qajeelchi barsiisaa** kam keessatti ramadama?

A. Meeshaa agaree

C. Meeshaa dhageettii

B. Meeshaa maddaa

D. Meeshaa deeggarsaa

_____59. Kanneen armaan gadii keessaa Kamtuu **barataa** hin hirmaachisu?

A. Si'aayinaan barachuu

C. Qophii karoora barnootaa

B. Oomishaa Meeshaa deeggarsa barnootaa

D. Mala Marii Garee

_____60. Adeemsa baruu fi barsiisuu keessaatti murtoo xumuraa kennun;-

A. Iyyaafanno

C. Madaallii

B. Kaayyoo barnootaa

D. Meeshaalee deeggarsaa

_____61. Malli baruu-bariisuu barsiisadhaan irraa caalaatti dhuunfatamu kami?

A. Male falmii B. Male marii garee C. Mala Od-ibsaa D. Dawwii Dirree

_____62. Kanneen armaan gadii keessaa galmeen seenaa dhuunfaa kam keessatti ramadama?

A. Meeshaa agaree

C. Agare-dhageetti

B. Meeshaa dabalataa

D. Meeshaalee Maddaa

Qormaata Ga'umsa Mirkaneeffannaa BBO'n Qophaa'e

_____63. Tokko qaama karoora barannoo wayitii keessatti hin ramadamu?

- A. Qabiyyee B. Kaayyoo Gooree C. Kaayyoo Gooroo D. Iyyaafannoo

_____64. Qabxiin kufaatii %50 gadi, kan darbuu immoo %50 ol. kun:

- A. Madaallii (Iyyaafannaa) ulaagaa irratti hundaa'e
B. Madaalli (Iyyaafannaa) qabxii barataa waliin madaluu irratti hunda'ee
C. Madaalli hunda galeessa
D. Deebiin hin kennamne

_____65. Mala baruu- bariisuu barsiisaan osoo ibsa kennuu gidduutti barattoota hirmaachisu;

- A. Mala falmii B. Mala marii garee C. Od-ibsa danga'aa D. Hunda

_____66. Qophii karoora barnootaa keessatti gaaffiin maaltuu baratama jedhu maal ibsa?

- A. Kaaayyoo C. Mala baruu barsiisuu
B. Qabiyyee D. Meeshalee Deeggersa Barnootaa

_____67. Faayidaa Iyyaafannoo kan hin taane kami?

- A. Barachuu barattootaa irratti duub-deebii argachuuf
B. Rakkoolee baruu fi barsiisuu keessatti mul'atan adda baasuun fooyyessuuf
C. Barachuu barattootaa gargaaruuf
D. Barachuu barattootaa irratti Murtii dhumaa kennuuf

Kutaa II: Gaaffilee Qabiyyee Barnootaata Ji'oogiraafii

_____68. Damee ji'oogiraafii isa waa'ee qilleensa baramaa qo'atu kami?

- A. Meetrooloojii C. Oshinoogiraafii
B. Kilaamaatooloojii D. Baayooji'oogiraafii

_____69. Elementoota fiizikaala qilleensa baramaafi jijjiiramaa keessatti kan hin ramadamne adda baasi?

- A. Ifa aduu C. Saffisa bubbee
B. Jiidhinsa qilleensaa D. Olka'insa lafaa

_____70. Haroon pilaatoo shawaa naannoo magaala Ambootti argamu maaljedhama?

- A. Haroo Wancii C. Haroo Haayiiq
B. Haroo Xaanaa D. Haroo Ashaangee

_____71. Sadarkaa addunyaatti Zoonii Yeroo biyya Itoophiyaa kan agarsiisu kami?

- A. GMT+1 C. GMT+6
B. GMT+3 D. GMT+9

_____72. Garba baay'ee xiqqaa addunyaa ta'uun kan beekamu filadhau?

- A. Garba Paasifiik C. Garba Arkiitiik
B. Garba Atilaantiik D. Garba Hindii

Qormaata Ga'umsa Mirkaneeffannaa BBO'n Qophaa'e

_____ 73. Baay'ina sa'aatii bakki tokko ifa biiftuu argate meeshaan safaru kami?

- | | |
|-------------------|------------------------|
| A. Teermoomeetira | C. Piik ivaappoomeetir |
| B. Baaroomeetirii | D. Kaardii dammaqaa |

_____ 74. Biyyi madda laga Naayil-gurraachaa taate eenyu?

- | | |
|-----------|-----------------|
| A. Ijiipt | C. Itoophiyaa |
| B. Sudaan | D. Taanzaaniyaa |

_____ 75. Tempireecherri xiqqaafi guddaa guyyaa kan bakka tokkoo duraa duubaan digirii 8 fi 30 yoo ta'e, garaagarummaan isaa meeqa ta'a?

- | | |
|---------|----------|
| A. 19°C | C. -22°C |
| B. 22°C | D. 38°C |

_____ 76. Kan armaan gadii keessaa tokko baqqaana qilleensaa isa gadii akka bullukkootti lafa haguugee argamu dha?

- | | |
|----------------------|------------------|
| A. Tirooppoosfeerii | C. Meesoosfeerii |
| B. Istiraatoosfeerii | D. Teermosfeerii |

_____ 77. Gocha uumamaa ta'ee harma biyyee kan hammeessu kami?

- A. Cirama bosonaa
- B. Dalga qotuu dhabuu
- C. Daagaan hin ijaariin hafuu
- D. Lafa olka'aafi bu'aa-ba'iin itti baay'atu

_____ 78. Biyyi baay'ina ummata miliyoona 53 qabdu tokko, saffisa dabalata ishee 2.5% yoo ta'e, waggaa meeqaan booda dachaa ta'a?

- | | |
|--------------|---------------|
| A. Waggaa 20 | C. Waggaa 200 |
| B. Waggaa 28 | D. Waggaa 280 |

_____ 79. Amala sararoota dagalee kan ibsu kami?

- A. Naannoo bantiileetti waltuqu
- B. Mudhii lafaaf waltarree dha
- C. Ka'umsi isaanii meeridiyaaniin guddaa dha
- D. Kallattii bahaafi dhihattii digirii 180 safaru

_____ 80. Faaltonni Kilooroo Flooroo Kaarboon (CFCs) jedhaman kallattiidhaan miidhaa akkamii fiduu?

- | | |
|-----------------------|-----------------------|
| A. Faalama qilleensaa | C. Haphachuu oozoonii |
| B. Harama bishaanii | D. O'uu addunyaa |

_____ 81. Ardiin mootummaafi ummataa dhaabbataa hin qabne kami?

- | | |
|-------------------|--------------------------|
| A. Ardii Eshiyaa | C. Ardii Awuurooppaa |
| B. Ardii Afriikaa | D. Ardii Antaarkiitiikaa |

_____ 82. Teempireecherri qilleensaa yuunitii kamiin ibsama?

- | | |
|--------------|--------------------|
| A. Alkoolii | C. Seelshesii |
| B. Meerkurii | D. Teermoomeetirii |

_____ 83. Gosa mukkeen naannoo lafa dakeefi qarqara lageeniitti biqilan kan ta'e filadhu?

Qormaata Ga'umsa Mirkaneeffannaa BBO'n Qophaa'e

- A. Odaafi Laaftoo
B. Saxoofi Xoosinyii
_____ 84. Walumaagalatti baay'ina ummataa tokkoo kan dabalu kami?
A. Hanga du'aa
B. Hanga dhalataa
C. Godaansa biyya keessaa
D. Hangi namoota biyya keessaa bahanfi galan walqixa ta'uu
_____ 85. Kanneen armaan gadii keessaa godina qilleensa baramaa hunduma caalaa qorraa (dilalla'aa) jedhamee waamamu kami?
A. Godina qilleensa baramaa naannoo bantiilee
B. Godina qilleensa baramaa naannoo gaarreenii
C. Godina qilleensa baramaa naannoo mudhii lafaa
D. Godina qilleensa baramaa naannoo dagalee giddu-galeessaa
_____ 86. Lagni Akooboo daangaa uumamaa ta'uun kan tajaajilu biyyoota kam gidduutti dha?
A. Itoophiyaafi Sudaan
B. Itoophiyaafi Jibuutii
_____ 87. Akka hayyoota Giriik duriitti jechi "Geo—ji'oo" jedhu hiikaan isaa:
A. Ji'oogiraafii
B. Barreessuu
_____ 88. Dagaagina sochii dinagdee lamaaffaa jedhamuun kan beekamu filadhu?
A. Daldala
B. Warshaa
_____ 89. Qilleensa marsaa lafaa keessaa gaazota beekamoofi baay'atoo lamaan isaan kami?
A. Argooniifi Ne'oonii
B. Heeliyeemiifi Meeteenii
C. Itoophiyaafi Eritiraa
D. Keeniyaa Somaaliyaa
C. Lafa
D. Ibsuu
C. Albuuda baasuu
D. Qurxummii kiyyeessuu
C. Naayitroojiiniifi Oksijiinii
D. Haayidroojiiniifi Oozoonii
_____ 90. Taa'een maraammartoo lafaatiin uumamu kami?
A. Kofa carallaa biiftuu gargar ta'uu
B. Dheerinni halkaniifi guyyaa gargar ta'uu
C. Tibboonni arfan dabareedhaan waljijjiiru
D. Guyyaafi halkan dabareedhaan waljijjiiru
_____ 91. Biyya jijjiiramaafi foyyaa'insa gama hundaan hin mirkaneeffanne keessaatti xaabiya ummataa mul'atu kami?
A. Eegumsi fayyaa foyya'aa ta'uu

- B. Ummanni umurii dheeraa jiraachuu
- C. Tajaajilli walquunnamtii hanqina qabaachuu
- D. Barattoonni barumsa quulqullina qabu argachuu

_____ 92. Babal'achuu gammoojjiitiif gochi gumaacha qabu kami?

- A. Bineensota adamsuu
- B. Maddoota faalamaa dabaluu
- C. Seeraan itti fayyadamuu bishaanii
- D. Seeraa ala ittifayyadama lafaa

_____ 93. Gosa gejjibaa saffisaan maamiltoota fageenya dheeraa fe'u, kan sochii walaba ta'e qabuufi bakka gosti gejjiba biroo qaqqabuu hin dandeenye gahuu kami?

- A. Gejjiba konkolaataa
- B. Gejjiba baaburaa
- C. Gejjiba xiyyaaraa
- D. Gejjiba namaafi horii

_____ 94. Eegumsa naannoof gumaacha kan hin qabne kami?

- A. Naannoo irratti ilaalchi gaarii dhabamuu
- B. Rakkoolee naannoo adda baasuufi fala barbaaduu
- C. Dhimmoota naannoo irratti hawaasa hirmaachisuu
- D. Dhimma naannoo irratti madaqinnii fi quuqamni jiraachuu

_____ 95. Iddoo ka'umsa amantiiwwan addunyaa gurguddoo sadan Kiristaanaa, Islaamaafi Amantii Yihoodotaa kan ta'e ardii kami?

- A. Ardii Afrikaa
- B. Ardii Eeshiyaa
- C. Ardii Oshiiniyaa
- D. Ardii Ameerikaa kaabaa

_____ 96. Naannoo uumamaafi naannoo nam-tolchee haala faayidaafi fayyaa namaaf toluun karaa walmadaalaafi ittifufaa ta'een jiraachuun maaljedhama?

- A. Barumsa naannoo
- B. Rakkoolee naannoo
- C. Qu'annoo naannoo
- D. Eegumsa naannoo

_____ 97. Adeemsawwan irra lafaan teessumni lafaa garaagaraa akka uumamaniif gumaacha guddaa kan gochu kami?

- A. Pileet-teektoonikii
- B. Caccabuu kattaalee
- C. Addaan Siquu Ardiilee
- D. Tamsa'uu Jala Garbaa

_____ 98. Kaayyoon barumsa naannoo hojiirra ooluu isaa kan ittiin hubannu keessaa tokko:

- A. Sirna barnootaa qopheessuu
- B. Barumsa naannoo bal'inaan kennuu
- C. Madaallii sirna barnootaa gaggeessuu
- D. Hariiroo barataa, maatii barataafi barsiisaa cimsuu

_____ 99. Dagalee lafaa 0⁰ irratti

- A. Dhiibbaan qilleensaa xiqqaa dha
- B. Dhiibbaan qilleensaa guddaa dha

- C. Qilleensa qorraafi ulfaataa ta'e qaba
- D. Kofa carallaa biiftuu xiqqaa ta'e qaba

_____ 100. Kan armaan gadii keessaa yaada dhugaa ta'e filadhu.

- A. Namaafi lubbu-qabeeyyiin biroo walittidhufeenya al-kallattii qabu
- B. Miseensonni naannoo tokkotti argaman hundi walirraa fayyadamu
- C. Dhalli namaa qabeenya uumamaa ni kunuunsaa malee hin mancaasu
- D. Ikkooloojiin kan xiinxalu waa'ee naannoo malee waa'ee aadaafi siyaasaa miti

_____ 101. Rakkoolee naannootiif qaama furmaataa ta'uu kan hin dandeenye kami?

- A. Naannoo akka waliigalaatti hubachuu
- B. Muuxannoowwan gaggaarii babal'isuu
- C. Barumsi naannoo ittifufa malee kennamuu
- D. Rakkooleen naannoo waxaxaa ta'uu hubachuu

_____ 102. Ho'i aduu lafaafi qilleensa marsaa lafaa gidduu mala ittiin deddeebi'uufi darbu kami?

- A. Raadeeshiinii
- B. Kondaakishinii
- C. Konveekishinii
- D. Insooleeshiinii

_____ 103. Ogummaa gogaa duuguufi uffata dhahuu, hojii sibiilaafi suphee hojjechuun akaakuu warshaa kamiin walqabata?

- A. Warshaa godoo
- B. Warshaa salphaa
- C. Warshaa ulfaataa
- D. Warshaa sadarkaa duraa

_____ 104. Sababa barumsi naannoo itti yaadamee barsiifamuufi baratamu kan hin agarsiifne kami?

- A. Lammiileen rakkoolee naannoo fi maloota kunuunsaa akka adda baafataniif
- B. Ilmi namaa dhimma naannoo hubatee dirqama isaa akka bahuu gochuuf
- C. Lammiileen qooda fudhachuudhaan rakkoolee naannoof fala akka barbaadaniif
- D. Dhalli namaa naannoo isaa miidhuuf dandeetti akka qabu mul'isuuf

_____ 105. Naannoon addunyaa jijjiiramuudhaan miidhaa dhufu hin dandeenye filadhu?

- A. Rakkoon fayyaa mudachuu
- B. Lubbu-qabeeyyiin gosaan dabaluu
- C. Rakkoon lafa qonnaa bal'inaan jiraachuu
- D. Bu'aan naannoorraa argamu hir'achaa dhufuu

_____ 106. Dhalli namaa naannoo isaa irra deebi'ee akka qoratuufi xiinxalu kan dirqisiise maali?

- A. Barumsa naannoorratti beekumsaafi hubannoon haalaan hojiirra ooluu

- B. Naannoon umamaa kan addunyaa maraa jijjiirama jala jiraachuu
C. Jiraanyaan ummata addunyaa dhaabbataafi foyya'aa ta'uu
D. Eegumsiifi kunuusi naannoo umamaafi aadaa jiraachuu

_____ 107. Ciminaafi dheerina ifa aduu waggaa keessatti sababiin gargar ta'uuf:

- A. Dagalee lafaa
B. Olka'insa lafaa
C. Dambalii garbaa
D. Fageenya bishaan irraa

_____ 108. Damee qorannoo rakkoo naannoof fala kennuu keessaa walhormaataafi kunuunsa bineensotaa irratti kan xiyyeeffatu kami?

- A. Ji'oolojii
B. Oshiinoogiraafii
C. Zooloojii
D. Bootaanii

_____ 109. Hir'achuu gosoota lubbu-qabeeyyiitiin miidhaan fiduu danda'u kami?

- A. Guddina dinagdee
B. Kunuunsa biyyee
C. Jeeqamuu ikkooloojii
D. Eegamuu marsaa bishaanii

_____ 110. Lubbu-dhabeeyyii ta'uu kan agarsiisu filadhu?

- A. Abaayootikii
B. Baayootikii
C. Baayoomaasii
D. Baayoo-rijinii

_____ 111. Humnoota irra lafaa kan ofkeessatti qabatu kami?

- A. Adeemsa volkaanizimii
B. Adeemsa deenudeeshiinii
C. Adeemsa diyaastiroofizimii
D. Adeemsa hollannaa (kirkira) lafaa

_____ 112. Hariiroo lubbu-qabeeyyiifi naannoo fiizikaalaa jidduu jiru caalaatti kan qu'atu kami?

- A. Abaayootikii
B. Ikkooloojii
C. Baayootikii
D. Baayoodaayiveersiitii

_____ 113. Ji'a (addeessa) Juppitar hunda keessaa isa guddaa kan ta'e maaljedhamuun beekama?

- A. Addeessa
B. Fooboos
C. Deemoos
D. Gaanyimeedee

_____ 114. Kanneen armaan gadii keessaa wantoota naannootti argaman irratti kallattiin dhiibbaa uumaa kan jiru kami?

- A. Daballii lakkoofsa ummataa
B. Babal'achuu baayodaayiversiitii
C. Haalaan olka'uu dandeettii baachuu lafaa
D. Haalaan eegamuufi kunuunfamuu ikkooloojii

Mala Baru-Barsiisuu Barnoota Ji'oogiraafii

Gaaffilee Mala Baruu-Barsiisuu Barnoota Ji'oogiraafii

_____ 115. Barnoota ji'oogiraafii keessatti kaayyoo gooroo haalaan kan ibsu kami?

- A. Wanta barataan beekuu qabu bal'inaan kan kaa'u dha
- B. Yeroo dheeraa keessa wanta dhugoomuu qabu kan ibsu dha
- C. Waan yaadameefi kallattii hordofamuu qabu kan agarsiisu dha
- D. Dhuma barnootichaatti hojii barataa irraa eegamu kan kaa'u dha

_____ 116. Kanneen armaan gadii keessa tokko gosa meeshaalee agaree piktooriyaalii ta'ee qabiyyee barnoota ji'oogiraafii barsiisuuf kan gargaaru dha?

- A. Giloobii
- B. Kaartaa
- C. Kaartuunii
- D. Diyaagiraamii

_____ 117. Barattoonni wanta uumamaa ykn nam-tolchee qaamaan bakkee inni jiru adeemuudhaan irraa barachuu mala baruu-barsiisuu kamiin walqabata?

- A. Mala do'ii
- B. Mala jaatanii
- C. Mala gaaffiifi deebii
- D. Mala rakkoo hiikuu

_____ 118. Amala barattoota suuta baratanii kan ta'e kami?

- A. Karooraan qo'atu
- B. Hirmaannaa baqatu
- C. Hirmaannaa qabaatu
- D. Waan haaraa kalaqu

_____ 119. Barnoota ji'oogiraafii keessatti meeshaalee ittiin barsiisan bifa kamiin qophaa'a?

- A. Meeshaalee barreeffamaa
- B. Meeshaalee dhageettii
- C. Meeshaalee agaree
- D. Hundi deebii ta'a

_____ 120. Kayyooleen barnootaa ji'oogiraafii haala kamiin kaa'amuu qabu jettaa?

- A. Haala baay'ee gooroofi gooree ta'een
- B. Haala waliin dhahuufi walirra bu'uun
- C. Haala irra deddeebi'uufi walmormuun
- D. Haala safaramuufi dagalagamuu danda'uun

_____ 121. Mala baruu-barsiisuu gaarii keessatti yeroo tokko tokko gochaan barataa bu'a-dhabeessa taasisu kami?

- A. Barataan barnooticha ofiin barachuufi qabatamaa gochuu
- B. Barataan barnoota afaaniin dubbachuufi qalbiitti qabachuu
- C. Barataan dhuunfaadhaan fedhaafi dandeettii waa uumuu horachuu
- D. Barataan dandeettii waa qaaccessuufi xiinxaluu haalaan gonfachuu

_____ 122. Karoora barnootaa kan yeroo dheeraaf fakkenya ta'uu kan danda'u:

- A. Karoora waggaa
- B. Karoora torbee
- C. Karoora boqonnaa
- D. Karoora wayitii tokkoo

Mala Baru-Barsiisuu Barnoota Ji'oogiraafii

_____ 123. Hojii barataa daree keessaafi alatti adeemsa ittiin hordofan kan agarsiisu filadhu?

A. Madaallii

C. Barsiisuu waliinii

B. Iyyaafannoo

D. Karoora barnootaa

_____ 124. Qophii karoora keessatti gaaffii “hojiif wantoota barbaachisan maal fa’i?” jedhu isa kamiin walqabata?

A. Qabiyyee barnootaa

C. Mala baruu-barsiisuu

B. Kaayyoo barnootaa

D. Meeshaale barnootaa

_____ 125. Qaama karoora barnoota waggaa qofaa kan ta’e kami?

A. Qabiyyee barnootaa

B. MDB, iyyaafannoofi madaallii

C. Gochaalee barataafi barsiisaa

D. Qoodama seemisteera, ji’aafi torbee

_____ 126. Mala baruu-barsiisuu caamlaatti si’ataafi bu’a-qabeessa ta’e filadhu.

A. Rakkoolee hiikuu

B. Gaaffilee afaanii deebisuu

C. Qabiyyee afaaniin dubbachuu

D. Barumsa kennamu qalbiitti qabachuu

_____ 127. Mala baruu-barsiisuu barsiisonni baay’een ittifayyadamaniifi fuulleedhaan kan ittiin barsiisan dha?

A. Mala agaree

C. Mala od-ibsaa

B. Mala marii garee

D. Mala jaatanii

_____ 128. Adeemsa kenna barnoota ji'oogiraafii keessatti barsiisaan waan baratame ykn hojjetame kan gabaabaatti kaa’u sadarkaa kamirratti?

A. Seensa

C. Cimsa

B. Dhiyeessa

D. Iyyaafannoo

_____ 129. Karoora wayitii (guyyaa) tokkoof kan gargaaru adda baasi?

A. Kaayyoo gooree

C. Karoora waggaa

B. Kaayyoo gooroo

D. Karoora boqonnaa

_____ 130. Adeemsa barsiisuu keessatti karaa ittiin ittigala bira ga’an kan agarsiisu isa kami?

A. Kaayyoo barnootaa

B. Mala baruu-barsiisuu

C. Meeshaa ittiin barsiisan

D. Meeshaalee deeggarsa barnootaa

_____ 131. Meeshaalee barnoota ji'oogiraafii armaan gadii keessaa qabiyyee ijoo barnootichaa kutaa kutaan qabatee kan argamu kami?

Mala Baru-Barsiisuu Barnoota Ji'oogiraafii

A. Kitaaba barataa

C. Qajeelcha barsiisaa

B. Kitaabolee wabii

D. Silabasii barnootaa

_____ 132. Gochaalee daree keessatti gaggeeffaman ilaalchisee mala si'ayinaan barattoota hirmaachisu kan hin taane kami?

A. Barataan kitaaba isaa dubbisuu

B. Barataan gaaffii gaafatame deebisuu

C. Barataan barsiisaa isaa dhageeffachuu

D. Barataan yaada qabu ibsuu ykn dubbachuu

_____ 133. Barsiisaan ji'oogiraafii tokko karoora barreessuu jalqabuun dura 'yeroo' irratti xiyyeeffachuu isaa kan agarsiisu kami?

A. Waan raawwatamuu yoo murteese

B. Yoom akka raawwatamu yoo murteesse

C. Eenyuun akka raawwatamu yoo murteesse

D. Akkamitti akka raawwatamu yoo murteesse

_____ 134. Kan armaan gadii keessaa yaada sirrii ta'e filadhu

A. Kaayyoon barnootaa akeeka barnootaa irra gooree dha

B. Kaayyoon barnootaa akeeka barnootaa irra gooroo dha

C. Kaayyoon gooree ittigala barnoota yeroo dheeraatti bira ga'amu dha

D. Kaayyoon gooroofi gooree waan kutaa keessatti barataman safaruuf gargaaru dha

Kutaa III: Qabiyyee Barnoota Fedhii Addaa

_____ 135. Kan armaan gadii keessaa yeroo sababoonni fedhii addaa itti uumamuu **hin** dandeenye isa kamidha?

A. Dhalootaan dura

B. Dhalootaan booda

C. Yeroon itti uumamu hin jiru

D. Yeroo dhalootaa

_____ 136. Mana barumsa hiriyyaa irraa qoodu maatii fi hawaasa irraa **hin** qoodne kami?

A. Mana barumsa addaa ykn Dhaabbataa addaa

B. Mana barumsa addaa guyyaa guyyaa

C. Mana barumsa idlee

D. Kutaa adda

_____ 137. Kanneen armaan gadii keessa kamtu addaa?

A. Walitti madaqsuu

B. Wal-fudhachiisuu

C. Kophaatti baasuu

D. Barnoota Hunda Hammattoo

Mala Baru-Barsiisuu Barnoota Ji'oogiraafii

_____ 138. Yaad-rimee Barnoota Fedhii Addaa ilaalchisee sirrii kan **hin** taane kami?

- A. Barnoonni Fedhii Addaa ogummaadha
- B. Barnoonni Fedhii Addaa barnoota qaama miidhamtootaati
- C. Barnoonni Fedhii Addaa tajaajila barnootaati
- D. Hundi deebii dha

_____ 139. Yuunitiin sadarkaan dhageettii gurraa sagalee ittiin safaramu maal jedhama?

- A. Deesiibeelii
- B. Odiyoo meetirii
- C. Odiyooloojiistii
- D. Isnellen chaartii

_____ 140. Kan armaan gadii keessaa Barnoota Fedhii Addaa irraa kan **hin** fayyadamne kami?

- A. Ogeeyyii fayyaa
- B. Barsiisota Barnoota Fedhii Addaa
- C. Kan irraa fayyadamu hinjiru
- D. Konkolaachistoota

_____ 141. Kanneen armaan gadii keessaa tokko ramaddii **gosoota** Sal'eessa Sammuu hundaaf **hin** tajaajilu

- A. Kutaa addaa
- B. Daree idilee
- C. Mana barumsa addaa
- D. Dhaabbataa addaa

_____ 142. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu daa'imman Sal'eessa Sammuu qaban sakatta'uuf kan **hin** gargaare kami?

- A. Ogummaa hojii
- B. Odiyoo meetirii
- C. Ogummaa qunnamtii
- D. Ogummaa barachuu

_____ 143. Aadaa durii keessatti akka madda miidhamaatti ilaalamaa kan **hin** ture isa kami?

- A. Eebbaa fi arjoomuu
- B. Gochaa gaarii hin taane
- C. Jinnii/hafuura xuraawaa
- D. Abbaarsaa fi cubbuu

_____ 144. Miidhama nama qunname tokko xinneessuu ykn caalaatti akka **hin** guddanne taasisuu gocha kami?

- A. Ittisa 1^{ffaa}
- B. Ittisa 2^{ffaa}
- C. Ittisa 3^{ffaa}
- D. B fi C deebii dha

Mala Baru-Barsiisuu Barnoota Ji'oogiraafii

_____ 145. Kanneen armaan gadii keessaa tokko sababoota dadhaabbii fidan keessaa qabattoota _____ naannoo kan **hin** taane kami?

- E. Faalama qilleensaa
- F. Balaa yeroo dhalootaa
- G. Dhibee dhaal-sanyii
- H. Balaa dhalootaan boodaa

_____ 146. Daa'immaan fedhii addaa garee garaagarummaa dandeettii sammuu qaban jalatti kan **hin** ramadamne kami?

- I. Saal'eessa Sammuu
- J. Kennaa Adda fi Dandeetti Olaanaa
- K. Rakkoo Baraachuu
- L. Deebii hin qabu

_____ 147. Kanneen armaan gadii keessaa tokko Daa'ima Miidhama ifaafi mul'ataa ta'e qabu **miti**?

- M. Daa'ima Rakkoo Qunnamtii Duubbii qabu.
- N. Daa'ima Dhiibaa Aadaafi Naannoo qabu
- O. Daa'ima Miidhama Dhageetti qabu
- P. Daa'ima Miidhama Qaamaafi Fayyaa qabu

_____ 148. Kanneen armaan gadii keessaa waa'ee faayidaa gabaabsituuwwan ilaalchisee dhugaa kan **hin** taane isa kami?

- | | |
|------------------------|-------------------------|
| A. Waraqaa qisaasessuu | C. Saffisaan dubbisuu |
| B. Yeroo qusachuuf | D. Saffisaan barreessuu |

_____ 149. Waa'ee Bireeliin barreessuu fi dubbisuu ilaalchisee kanneen armaan gadii keessaa kamtu **dhugaa** dha?

- A. Isleetii fi istaayilasiin yommuu barreessinu mirgaa gara bitaatti barreessina.
- B. Waraqaa Bireelii yommuu isleetii keessaa baafnu mirgaa gara bitaatti dubbisna.
- C. Waraqaa Bireelii yommuu isleetii keessaa baafnu bitaa gara mirgaatti dubbifna
- D. A fi B'n deebii dha.

_____ 150. Waa'ee mallattoolee jechaa salphaa irra keessaa ilaalchisee kamtu **sirrii** dha?

- A. Yeroo mara jecha bakka bu'uu danda'u.

Mala Baru-Barsiisuu Barnoota Ji'oogiraafii

B. Hima ykn barreeffama keessatti malee jecha bakka bu'uu hin dandaa'an

C. Seelii Bireelii tokko qofa keessatti barreeffamu

D. B fi C'n deebii sirrii dha.

_____ 151. Meeshaan Bireeliin barreessuuf akka qalamaatti ykn qubeessaatti fayyadu isa kami?

A. Imboosara

C. Isleetii

B. Istaayileesii

D. Abakasii

_____ 152. Kan armaan gadii keessaa garee daa'imman miidhama qaam-miiraa qaban kan ta'an:

A. Miidhama qaroo fi dhageettii

B. Sal'eessa sammuu fi miidhama narvii

C. Kennaa adda fi dandeetti olaanaa

D. Rakkoo amalaa fi curriisaa

_____ 153. Kaneen armaan gadii keessaa sababoota fedhii addaa beekuun kan **hin** fayyadne eenyuuf?

A. Daa'immaan fedhii addaa qabaniif

B. Maatiif/Hawaasaaf

C. Eenyuufuu hinfayyadu

D. Barsiisota fedhii addaaf

_____ 154. Kanneen armaan gadii keessa tokko irraa kan hafe, miidhamni qaamaa qabatamaan irraa **hin** mul'atu:

A. Daa'imman kennaa addaa fi dandeettii olaanaa qaban

B. Daa'imman dadhabbii barachuu qaban

C. Daa'imman Sal'eessa sammuu qaban

D. Daa'imman rakkoo amalaa fi curriisaa qaban

_____ 155. Kanneen armaan gadii keessaa faayidaa Barnootaa Hunda Hammattoo kan ta'e kami?

A. Qulqullina barnootaa mirkaaneessuu shoora ol-aanaa kan taphatudha

B. Irra deebii fi harcaatii barattootaa hambisuu/tiqqeessuu

C. Daa'imman hundi carraa barnoota akka argatan taasisuu

D. Hundi deebii dha

_____ 156. Yeroo ammaa qulqullina barnoota mirkaaneessuuf qormaata guddaa kan ta'e kami?

A. Hubannoo fi xiyyeefannoon daa'imman fedhii addaa qabaniif kenname laafaa ta'uu

B. Hanqinni ogeeyyii Barnoota Fedhii Addaa daa'imman miidhama qaamaa qaban barsiisan bal'inaan jiraachuu

Mala Baru-Barsiisuu Barnoota Ji'oogiraafii

- C. Hubannoo sadarkaa sadarkaan hojiirra oolmaa Barnootaa Fedhii Addaa fi Hunda Hammattoo irratti jiru laafaa ta'uu
- D. Hundi deebii dha
- _____ 157. Seer-luga gabaabsituuwwanii ilaalchisee kamtu **soba**?
- A. Gabaabsituun lama jecha tokko keessa yoo jiraate yeroo mara isa tokko qofa fayyadamna.
- B. Gabaabsituun lama birsaga tokko keessa yoo jiraatan isa seelii muraasa keessatti barreeffamuu danda'u filanna.
- C. Yeroo baay'ee gabaabsituuwwan irra keessaa kanneen gadii caalaa filatamoo dha.
- D. B fi C'n deebii sirrii dha.
- _____ 158. Waa'ee kalaqa Luuwis Bireelii fi Chaarlees Baarbeer ilaalchisee kamtu **sirrii** dha?
- A. Kalaqni Chaarlees Baarbeer rakkoo qaroo dhabeeyyii furuuf miti.
- B. Kalaqni Luwiis Bireel rakkoo qaroo dhabeeyyii kan furee dha
- C. Bireeliin Chaarlees Baarbeer baay'ee wal-xaxaa ture
- D. Hunduu deebii dha.
- _____ 159. Waa'ee Bireelii ilaalchisee kanneen armaan gadii keessaa yaadni **dhugaa** ta'e isa kami?
- A. Bireeliin qindoomina sirna tuqaaleeti.
- B. Seeliin Bireelii tokko tuqaalee jaha of- keessaa qaba.
- C. Bireeliitti kan fayyadamu qarodhabeessa qofa.
- D. A fi B'n deebii sirriidha.
- _____ 160. Aflattoo keessatti jecha tokko guutuu taasisuuf maal maaltu barbaachisa?
- A. Bocha harkaa sirrii
- B. Kallattii harkaa ykn qubaa sirrii
- C. Sochii hidhii
- D. Hunduu deebii sirrii dha.
- _____ 161. Aflattoon daabboo, cabsuu fi kophee maaliin wal-fakkaatu?
- A. Kallattiin
- C. Boocaan
- B. Sochii hidhiin
- D. Hiikaan
- _____ 162. Seer-luga Aflattoo ilaalchisee kamtu **soba**?
- A. Sochiin hidhii shoora olaanaa qaba.
- B. Kallattiin qubaa ykn harkaa akka barbaade yoo ta'e hiika hin jijjiiru.
- C. Jijjiiramni booca harkaa ykn qubaa jijjiirama hiikaa ni fida.

Mala Baru-Barsiisuu Barnoota Ji'oogiraafii

D. A fi B'n deebii sirrii dha.

_____ 163. Akka yaad-rimee Barnoota Fedhii Addaatti hirmannaa aadaa fi hawaasaa keessaa dhabuun _____ jedhama.

A. Hanqina

C. Dadhabbii

B. Miidhama

D. Hunduu deebiidha

_____ 164. Kanneen armaan gadii keessa Bara Babal'ina Amantii yeroo namoonni miidhama qaamaa qaban lubbuun jiraachuutti ce'an imammata yeroo sanaa kan **hin** ture isa kami?

A. Ija namaa jalaa maaksuu

B. Akka wal hin horre gochuu

C. Sirna barnoota lammii hundaaf bocame kennu

D. Sirna barnoota addatti isaaniif bocame kennu

_____ 165. Kanneen armaan gadii keessaa daa'imman rakkoo amalaa fi currisaa qaban irraa kan **hin** mul'anne kami?

A. Sodaa

B. Waan xiqqoon dallanuu

C. Hiriyoote horachuu

D. Tasgabbii dhabuu

_____ 166. Nama dhaloota isaatii eegalee qaroo dhabeessa ta'e tokko yaad rimee beekuufi barachuu irratti kan isa **rakkisu** kami?

A. Halluu

B. Irra guddaa

C. Geengoo

D. Hunduu deebii dha

_____ 167. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu hanga sadarkaa olaanaatti barachuuf caalaatti rakkisaa?

A. Daa'immaan sal'eessaa sammuu qaban

B. Daa'immaan miidhama qaroo qaban

C. Daa'imman miidhama dhageettii qaban

D. Daa'imman kennaa addaa fi dandeettii olaanaa qaban

_____ 168. Babal'iinafi guddina Barnoota Fedhii Addaa sadarkaa amma irra jiruuf bu'uura kan ta'e kami?

A. Labsii Mirga Dhala Namaa

B. Konveekshinii Mirga Daa'immanii

C. Murtoo Konfraansii Barnoota Salamaankaa

D. Hundi deebii dha

_____ 169. Kanneen armaan gadii keessaa tokko fayyidaa Barnoota Fedhii Addaa **miti**:

Mala Baru-Barsiisuu Barnoota Ji'oogiraafii

- A. Hariiroo namoota miidhama qamaa qabanii fi miidhama qaamaa hin qabne ni cimsa.
- B. Namoota miidhamafi fedhii addaa qabaniif faayidaa guddaa qaba
- C. Maatii fi hawaasaaf faayidaa hin qabu
- D. “Barnoota Qulqullina qabu Lammii Hundaaf” jedhu galmaan gahuuf fayidaa guddaa qaba.
- _____ 170. Kanneen arman gadii keessaa daa'imman sal'eessaa sammuu qaban irraa rakkoo yaad-sammuu mul'atu kami?
- A. Wantoota gargaar baasuu danda'uu
- B. Rakkoo xiyyeffannoo qabaachuu
- C. Rakkoo beekumsa walitti fiduu qabaachuu
- D. Hir'ina waa yaaduu qabaachuu
- _____ 171. Warreen armaan gadii keessaa haala rakkoo daa'imman amalaa fi currisaa qabanii ibsuuf xiyyeeffatamuu kan qabu isa kami?
- A. Irra deddeebbii isaa
- B. Yeroon turtii xiyyeeffannaa hin barbaachiisu
- C. Hanga ykn cimina isaa
- D. Turtii yeroo isaa
- _____ 172. Himoota armaan gadii keessaa amaloota barattoota kennaa addaa fi dandeettii olaanaa qaban ilaalchisee yaadni dogoggoora ta'e isa kami?
- A. Barachuuf gargaarsa muraasa barbaadu
- B. Fedhiin isaanii gareen hojjechuuf qaban daran ol'aanaadha
- C. Gocha tokko saffisaa ol'aanaan raawwachuu danda'u
- D. Waan haaraa qorachuu fi odeeffannoo argachuuf si'aayina qabu
- _____ 173. Kanneen armaan gadii keessaa sababa kennaa addaa fi dandeettii olaanaa kan ta'e kami?
- A. Dhaal-sanyii
- B. Wal-simannaa dhaal-sanyii fi naannoo
- C. Haala naannoo
- D. Hunduu deebii dha
- _____ 174. Akka Addunyaatti yeroo jalqabaaf gosoota miidhama qaamaa keessaa tajaajila argachuu kan eegalan warra kami?
- A. Daa'imman miidhama dhageettii qaban
- B. Daa'imman miidhama qaroo qaban
- C. Daa'imman sal'eessa sammuu qaban
- D. Daa'imman otiizimii qaban
- _____ 175. Filannoowwan armaan gadiitti dhiyaatan keessaa daa'imman rakkoo amalaa fi currisaa qaban sakatta'uuf kan gargaaru isa kami?
- A. Laabiraatoorii
- B. Gaaffii qomaa
-

Mala Baru-Barsiisuu Barnoota Ji'oogiraafii

- C. Gaaffiiwwan kallattii
_____ 176. Kanneen armaan gadii keessaa amaloota daa'imman miidhama dhageettii qaban irraa **hin** mul'anne kami?
A. Carraa namaaf kennuu
B. Namni maal naa jedhaaf hin dhiphatan
C. Akka fedhan ta'u
D. Of-caalchisuu fi ofittummaa qabu
- _____ 177. Kanneen armaan gadii keessaa kayyoo Barnoota Fedhii Addaa kan **hin** taane kami?
A. Barnootaaf naannoo mijataa fi hawwataa uumuu
B. Kuufama dandeettii hojiirra oolchuu
C. Carraa barnootaa babal'isuuf gahee kan hin qabne ta'uu
D. Beekumsa, ogummaa fi dandeettii cimsuu
- _____ 178. Kanneen armaan gadii keessaa Bara durii (Bara duursa seenaa) namoota miidhama qaamaa qaban irratti gochi hin raawwatamne isa kami?
A. Ajeessuu
B. Bosona ykn qileetti gatuu
C. Lubuun akka jiratan deeggaruu
D. Ija duraa maqsuu
- _____ 179. Daa'imman Sal'eessa Sammuu salphaa qaban _____ jedhamu.
A. Kan baratan
B. Kan leenj'an
C. Deegarsa addaan hincine warra barbaadan
D. Kennaa addaa warra qaban
- _____ 180. Kanneen armaan gadii keessaa **dhugaa** kan **hin** taane kami?
A. Safarri 'dB'n yeroo dabalaa deemuu miidhamni dhageettii dabalaa deema
B. Meeshaan sadarkaa dhageettii gurraa safaruuf gargaaru Odiyyoo Meetirii jedhama
C. Miidhamni dhageettii osoo afaan hin hiikiin ga'u Af-booddee jedhama
D. Dibbeen gurraa sagaleen alaa dhufu murteessuuf fayyada
- _____ 181. Kanneen armaan gadii keessaa Daa'imman Sal'eessa Sammuu Dawoon Sindiroonii qaban irraa kan mul'atu kami?
A. Dhiphina keessa afaanii
B. Fuula geengoo fi rifeensa luuccaa
C. Jifuuwwan baay'ee gaggabaaboo
D. Hunduu deebii dha

KUTAA II: Gaaffiilee Malleen Baruu-Barsiisuu (Peedaagoojii) Baratoota Fedhii Addaa

_____ 182. Maloota armaan gadii keessaa tokko carraa barnoota fi ogummaa sirna barnootaan alaa gonfachiisuuf gargaara.

- A. Barnoota gabbisuu
- B. Barnoota saffisisuu
- C. Barnoota wal simsiisuu
- D. Hunduu deebii dha

_____ 183. Galma leenjiin daa'imman sal'eessaa sammuu cimaa fi halaan cimaa qabani kan **hin** ta'e kami?

- A. Hirkattummaa isaanii xiqqeessuu
- B. Ofdandesisiisuun hirkattummaa jalaa baasuu
- C. Hubannoo naannoo isaaniif qaban dabaluu
- D. Ogummaalee qunnamtii isaanii dabaluu

_____ 184. Amalaa fi dandeettii barsiisaan daa'imman kennaa addaa fi dandeettii ol'aanaa qaban barsiisuu kan **hin** taane isa kami?

- A. Malleen baruu fi barsiisuu muraasa qofa kan fayyadamu
- B. Saayinsii fi aartii barsiisuutiin ogeessa leenji'e ta'uu qaba
- C. Hanqinaa fi cimina barattoota isaa kan hubachuu danda'u
- D. Yaada rakkisoo isaan dhiyeessaniif kan hin jibbine

_____ 185. Kanneen armaan gadii keessaa barattoota qaroo dhabeeyyii barsiisuuf meeshaaleen barnootaaf barbaachisan kan **hin** taane kami?

- A. Isleetii, Istaayilasii fi qaruuraa guddiftuu
- B. Abaakasi, ulee adii, Imboosera fi gabatee bireelii
- C. Meeshaalee Ooptikaalii fi kitaabilee barreeffama gurguddaa
- D. Kitaaba halluun maxxanfamee

_____ 186. Barattoota miidhama dhageettii guutummaan guutuu qaban barsiisuuf kan **hin** fayyadne kami?

- A. Sochii hidhii
- B. Sagalee guddaa, ifaa fi qulqulluutti fayyadamuu
- C. Sochii qaamaa
- D. Aflaatoo

_____ 187. Kanneen armaan gadii keessaa barattoota rakkoo amalaa fi currisaa qaban barsiisuu keessatti barsiisaa irraa waantti **hin** eegamne kami?

- A. Amala fi currisa barattoota sirriiti hubachuu fi deegaruu.
- B. Darbee darbee rakkoo barattootaa beekuun too'achuu.
- C. Deeggarsi barattootaaf kennuu qabu beekuun deegaruu.
- D. Sadarkaa barattoota irraa maal akka eegamu beekuun hordofuu

_____ 188. Daa'imman miidhama qaroo qaban barsiisuuf barsiisonni dandeettii qabachuu qaban:

- A. Dandeettii gorsaa

-
- B. Dandeettii madaallii
C. Dandeettii sochii fi beekumsa naannoo barsiisuu
D. Hundi deebii dha
- _____ 189. Adeemsa baruu-barsiisuu barattoota miidhama dhageettii guutumaa guutuu qaban barsiisuuf tooftaa fayyadamnu kan ta'e kami?
A. Daree keessatti nama Aflaatoo sirriitti dubbisuu fi hiikuu danda'u fayyadamuu
B. Barreeffama gabatee gurraachaatti fayyadamuun barsiisuuf yaaluu
C. Barsiisaan ennaa barsiisu barattootatti garagaluun Aflaatoo fi sochii hidhiin barsiisuu
D. Hunduu deebiidha
- _____ 190. Tarsiimoowwan barsiisaan Barnoota Fedhii Addaa tokko daa'imman sal'eessaa sammuu qaban barsiisuuf itti fayyadamuu qabu keessaa kan **hin** taane kami?
A. Gocha adda adda baasuu
B. Gocha wal-xaxaa irraa gara salphaati adeemuu
C. Gocha irra deddebi'uu
D. Gocha adeemsan barsiisuu
- _____ 191. Kanneen armaan gadii keessaa meeshaa Bireeliin itti barreeffamu isa kami?
A. Qaruuraan
B. Istaayilasii, Isileetii fi waraqaa Bireeliin
C. Abaakasiin
D. Keenii
- _____ 192. Daa'imman qaro-dhabeeyyiif leenjiifi barnoota sochii naannoo keessatti wantoonni hubatamu fi beekamuu qaban keessatti kan ramadamu kami?
A. Guddina sochii fi dandeettii sochii
B. Guddina yaad-rimee
C. Dandeettii mirootaa
D. Hundi deebii dha
- _____ 193. Barsiisaan barattoota rakkoo amalaa qaban yeroo barsiisuu qabxiwwan hordofuu qabu keessaa kan ta'e kami?
A. Amala gaarii barsiisuu fi guyyaa guyyaan shaakalsiisuu
B. Amala gaarii ta'aniif gochaalee tokko tokko akka onnachiiftuutti fayyadamuu
C. Amala fakkeenya gaarii ta'uu malan adda baasuun dinqisiifachuu
D. Hunduu deebii dha
- _____ 194. Adeemsa baruu- barsiisuu daa'imman miidhama dhageettii gar-tokkee qabaniif malleen bu'a qabeessa ta'uu **hin** dandeenye isa kami?

-
- A. Jechootaa fi himoota sasalphaatti fayyadamuu
B. Mallattoo qaamaa fi fakkiwwan garaagaraatti fayyadamuu
C. Barnoota Bireeliif dursa keennuu
D. Haala ifaa ta'ee fi sagalee guddaadhaan dubbachuu
- _____ 195. Adeemsa baruu barsiisuu daa'imman kennaa addaa fi dandeettii ol'aanaa qabanii keessatti qabxiin xiyyeeffatamuu qabu kami?
A. Barattoota umriin walgitan waliin wal-mari'achiisuu fi dorgomsiisuu
B. Wantoota kalaqaaf fakeenya ta'an irratti xiyyeeffachuu
C. Fedhii fi dandeettii barataa giddu - galeessa godhachuun barsiisuu
D. Hundi deebii dha
- _____ 196. Barsiisaan barattoota miidhama dhageettii qaban yeroo barsiisuu wantoota raawwachuu **hin** qabne keessaa kan ta'e kami?
A. Af-laattoo fayyadamuu
B. Meeshaalee deeggarsa barnootaa fayyadamuu
C. Gabatee gurraacha fayyadamuu dhiisuu
D. Wal-qunnamtii guutuu fayyadamuu
- _____ 197. Barattoota kennaa addaa fi dandeettii ol'aanaa qaban barsiisuuf malli fayyadu kami?
A. Keessummaa affeeruu
B. Irra deddebiin barsiisuu
C. Gochaan agarsiisuu
D. Dowwii gaggeessuu
- _____ 198. Meeshaalee kutaa leecaalloo keessa jiran dursanii beekanii itti fayyadamuun maaliif gargaara?
A. Barnoota hubatamaa fi qabatamaa taasisuuf
B. Akkaataa ittiin fayyadamnu beekuuf
C. Balaa geessisan irraa of eeguuf
D. Haalaan itti fayyadamuu fi kan hin jirree guutuuf
- _____ 199. Barattoota miidhama dhageetti fi miidhama qaroo barsiisuuf mala itti fayyadamnu kan ta'e kami?
A. Tuttuquun barsiisuu
B. Sagalee dhageessisuun barsiisuu
C. Agarsiisuun barsiisuu
D. Hunduu deebii dha
- _____ 200. Adeemsa baruu- barsiisuu keessatti barsiisaan Barnoota Fedhii Addaa tokko barattoota miidhama qaamaaf fedhii addaa qaban yoo barsiisuu beekuun kan irra **hin** eegamne:
A. Amaloota isaanii beekuu
B. Madda miidhama isaanii beekuu

C. Gosoota miidhama isaanii beekuu

D. Deebii hin qabu

_____201. Adeemsa baruu- barsiisuu daa'imman miidhama qaroo gar-tokkee qabaniif malleen bu'a qabeessa ta'uu **hin** dandeenye isa kami?

A. Daree ifa gahaa qabu keessatti barsiisuu

B. Hamma barreeffama gurguddaa ta'etti fayyadamuu

C. Aflaattoon akka baratan jajjabeessuu

D. Itti fayyadama haftee qarootti akka fayyadaman jajjabeessuu.

Deebii Gaaffilee Gosa Barnootaan

I. Deebii Barnoota Seenaa

- | | |
|-------|-------|
| 1. A | 36. B |
| 2. D | 37. D |
| 3. B | 38. A |
| 4. D | 39. B |
| 5. C | 40. D |
| 6. D | 41. A |
| 7. A | 42. A |
| 8. D | 43. D |
| 9. C | 44. D |
| 10. A | 45. A |
| 11. C | 46. B |
| 12. D | 47. B |
| 13. D | 48. D |
| 14. A | 49. A |
| 15. D | 50. C |
| 16. C | 51. C |
| 17. A | 52. A |
| 18. A | 53. D |
| 19. D | 54. B |
| 20. D | 55. D |
| 21. D | 56. D |
| 22. C | 57. D |
| 23. C | 58. D |
| 24. C | 59. B |
| 25. C | 60. C |
| 26. C | 61. C |
| 27. C | 62. C |
| 28. C | 63. C |
| 29. D | 64. A |
| 30. B | 65. C |
| 31. B | 66. B |
| 32. D | 67. D |
| 33. D | |
| 34. D | |
| 35. C | |

II. Deebii Barnoota Ji'oogiraafii

68. B	102.C
69. D	103.A
70. A	104.D
71. B	105.B
72. C	106.B
73. D	107.A
74. A	108.C
75. B	109.A
76. A	110.B
77. D	111.A
78. A	112.B
79. B	113.D
80. C	114.A
81. D	115.A
82. C	116.C
83. A	117.A
84. B	118.B
85. A	119.D
86. A	120.D
87. C	121.B
88. B	122.A
89. C	123.B
90. D	124. D
91. C	125. C
92. D	126. A
93. C	127. C
94. A	128. C
95. B	129. A
96. D	130. B
97. B	131. D
98. C	132. C
99. A	133. B
100.B	134. A
101.C	

III. Deebii Barnoota Fedhii Addaa

135.C	173.D
136.B	174.B
137.C	175.A
138.B	176.A
139.A	177.C
140.C	178.C
141.B	179.A
142.B	180.C
143.A	181.D
144.B	182.A
145.C	183.B
146.C	184.A
147.B	185.D
148.A	186.B
149.D	187.B
150.D	188.D
151.B	189.D
152.A	190.B
153.C	191.B
154.C	192.D
155.D	193.D
156.D	194.C
157.A	195.D
158.D	196.C
159.D	197.B
160.D	198.C
161.C	199.D
162.B	200.D
163.A	201.C
164.C	
165.C	
166.D	
167.A	
168.D	
169.C	
170.A	
171.B	
172.B	